AFAAN KEESSAN KENNAADHA

Yaadota gorsaa Afaan Qabeenya-Irratti Hundaa'eef

QABEENYA-IRRATTI KAN HUNDAA'E JECHUUN MAAL JECHUUDHAA?

Dookimentiiwwan barataan keessan akka **Barataa Afaan Ingiliffaa (English Languague Learner, ELL)** ta'e ibsan isin qaqqabuu danda'u. Daa'imni keessan yeroo Ingiliffa barachaa jirtutti, afaanota daa'imni keessan dubbattu gufuuwwan caala akka kennaatti agarsiisuuf jechoota akka **barataa afaan danuu(multilingual student)** akka fayyadamtan isin gorsina.

Afaan nuti fayyadamnu addunyaan akkamitti akka daa'ima keessan ilaaltu irratti dhiibbaa qabaata. Fakkeenyotni armaan gadii afaan dubbii Susannah akka kennaatti yookiin gufuutti akkamitti akka ilaalamuu danda'u agarsiisu.



AFAAN KEE AKKA GUFUU JIRUUTTI ILAALAA (HANQINA-IRRATTI KAN HUNDAA'E)

- Susannah afaan lamaa fi isaa ol gidduutti bitaa itti galaa
- Susannah Ingiliffa keessatti sagalee dubbii muraasa qofa beekti
- Loqodni Susannah baay'ee ulfaataadha kanaafuu Ingiliffa hubachuun dirqamaan itti ulfaate
- Susannah itti afaan Ingiliffaa qofaan itti dubbachuu qabdu, sababni isaas afaanota biroo itti dubbachuun guddina ishee duubatti harkisa

AKKA KENNAATTI AFAAN DUBBII KEESSAN YEROO ILAALLU (QABEENYA-IRRATTI KAN HUNDAA'E)

- Susannah afaanota ishee hundumaa hiikaa itti laachuudhaaf fayyadamti
- Susannah Ingiliffa keessatti sagalee qubee muraasa AKKASUMAS dandeettiiwwan afaan(oota) dubbii mana ishee keessaa kan bu'uura ta'e beekti
- Loqodni dubbii Susannah agarsiiftuu kennaa dubbii isheen afaanota dubbii garaagaraa dubbachuu irratti qabdu agarsiisa
- Susannah itti afaan dubbii mana ishee keessaatiin itti dubbachuun akka waantota armaan gadii gootuuf ishee gargaara:
  - Afaan mana ishee keessaa fi Ingiliffi lachuun isaaniiyyuu
  - qunnamtii isheen maatii fi aadaa ishee irratti qabdu tursiisuudhaaf ni baratti akkasumas gatii itti laatti

LEARNING, TEACHING psesd AND FAMILY SUPPORT